Biiroo Pabliik Sarviisiifi Misooma Qabeenya Namaa Oromiyaa
የኦሮሚያ ፐብሊክ ሰርቪስና የሰው ሀብት ልማት ቢሮ
Oromia Public Service and Human Resource Development Bureau

Lakk/ቁጥር/Ref No. BPSMQNO/WB-3-3/97/852
Guyyaa / ቀን / Date. 7 · H · 2017

**Bulchiinsaa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti,**

**Manneen Hojii Sadarkaa Naannoo Hundaa tiif**

**Finfinnee**

**Waajjira Bulchiinsaa Godinaalee 21 tiif**

**Waajjira Pabliik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Namaa Godinaalee 21 tiif**

**Waajjira Kantiibaa Magaalotaa 23 tiif**

**Waajjira Pabliik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Namaa Bulchiinsa Magaalotaa 23 tiif**

**Bakka Jiranitti**

**Dhimmi Isaa:Qajeelfama Raawwii Kaffaltii Sirreeffamaa Iskeelii Mindaa Hojjettoota Mootummaa**

**Naannoo Oromiyaa Bahe Lakk. 27/2017 isiniif erguu Ilaala**

Hojjattoota Mootummaa, Muudamtoota mootummaa fi filatamtoota uummataatiif sirreeffama iskeelii mindaa akka taasifamuuf mootummaan Federaalaa murtee dabarsee irratti hundaa'uudhaan Komishiniin Siviil Sarviisii Federaalaa xalayaa guyyaa **11/2/2017** lakk **ሲሰ/ጠ10/14/17** barreeffameen qajeelfamni sirreeffama iskeelii mindaa Lakk **1029/2017** nu beeksiseera jira.

Biiroon Pabliik Sarvisii fi Misooma Qabeenya Namaa Oromiyaas qorannoo tilmaama baasii Kaffaltii Sirreeffamaa Iskeelii Mindaa Qalaa'iinsa jireenyaa Hojjettoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa dandamachiisuuf gaggeessuun filannoon mootummaa naannichaatiif dhiyeessuun akka murtaa'u taasisee jira.

Haaluma kanaan, Biiroon Pabliik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Namaa Oromiyaa akkaataa Labsii Hojjettoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa **Lakk. 215/2011 keewwata 97 keewwata xiqqaa 2** jalatti ibsamee bui'uureffachuun Qajeelfama raawwii Kaffaltii Sirreeffamaa Iskeelii Mindaa Qalaa'iinsa jireenyaa Hojjettoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa dandamachiisuuf qophaa'e Lakk. 27/2017 kana baaseera.

Yaa'iqoob Taaddasaa Akkanaa
I/A Hogganaa Biiroo fi I/G
Dhimmoota Siivil Sarviisii

☎ +251-01-11-23-99-63/01155139006
☎ 0111243514/011551963
Finfinnee /ፊንፊኔ /

Lakk/ቁጥር/Ref No.____________________
Guyyaa / ቀን / Date.____________________

Kanaafuu, qajeelfama raawwii kaffaltii sirreeffama iskeelii mindaa fuula 21 (Digdamii tokko) fi duukaa deemtuu fuula 3 (sadii) xalayaa gaggeessituu kanaan walqabsiifnee isiniif erguu keenya ibsaa:

1) Hojjetaa fi hoggansa sadarkaan jiruuf hubannoo irratti uumuu,
2) Ragaa sirrii irratti hundaa'uun qaama seeraan murtaa'eef qofaaf sirreeffamaa mindaa of-eeggannoo fi itti gaafatamummaa guddaan akka hojiirraa oolchitan beeksisaa, sirreeffamni iskeelii mindaa raayyaa Poolisii yeroo dhiyootti kan isin qaqqabu ta'uu isaa ni hubachiifna.

**Nagaa Wajjin**

Yaa'iqoob Taaddasaa Akkanaa
I/A Hogganaa Biiroo fi I/G
Dhimmoota Siivil Sarviisii

**Garagalcha**

- Waajjira Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa tiif
- Biiroo Maallaqaa Oromiyaa tiif

**Finfinnee**

- Waajjira Hoggantuu Biiroo tiif
- Waajjira I/A Hogganaa Biiroo fi I/G Dhimmoota Siviil Sarviisii tiif
- Waajjira I/A Hogganaa Biiroo fi I /G Ijaarsa Dandeetiitiif

**BPSMQN**

# BULCHIINSA MOOTUMMAA NAANNOO OROMIYAATTI,

# BIIROO PABILIIK SARVIISII FI MISOOMA QABEENYA NAMAA OROMIYAA

# Qajeelfama Raawwii Sirreeffamaa Iskeelii Mindaa Qaala'iinsa Jireenya Hojjettoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Dandamachiisuuf Bahe Lakk 27/2017

**Mudde, 2017**

**Finfinnee**

Yaa'iqoob Taaddasaa Akkanaa
I/A Hogganaa Biiroo fi I/G
Dhimmoota Siivil Sarviisii

**Qajeelfama Lakk. 27/2017**

## Qajeelfama Raawwii Sirreeffamaa Iskeelii Mindaa Qaala'iinsa Jireenya Hojjettoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Dandamachiisuuf Bahe

Sirreeffama iskeelii mindaa Hojjattoota Mootummaa, Muudamtoota mootummaa fi filatamtoota uummataaf, Mootummaan hojjattoota mootummaa mindaa gadi aanaa argataa jiranii fi qaala'iinsa jireenyaa dandamachiisuuf taasise hojiirra oolchuuf qajeelfama raawwii ifaa sirreeffama iskeelii mindaa baasuun barbaachiisaa ta'ee argameera.

Kanaafuu, Biiroon Pabiliik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Namaa Oromiyaa akkaataa Labsii Hojjettoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 215/2011 keewwata 97 keewwata xiqqaa 2 jalatti ibsamee bu'uureffachuun Qajeelfama raawwii sirreefama iskeelii mindaa Hojjattoota Mootummaa, Muudamtoota mootummaa fi filatamtoota uummataa kana baaseera.

Yaa'iqoob Taaddasaa Akkanaa
I/A Hogganaa Biiroo fi I/G
Dhimmoota Siivil Sarviisii

# KUTAA TOKKO

# HAALA WALIIGALAA

## 1. Mata Duree Gabaabaa

Qajeelfamni kun, Qajeelfama Raawwii Sirreeffama Iskeelii Mindaa Qaala'iinsa jireenya Hojjettoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Dandamachiisuuf Bahe **Lakk. 27/2017** jedhamee waamamuu danda'a

## 2. Hiika Jechootaa

1) **"Labsii"** jechuun labsii hojjettoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 215/2011 jechuuudha.
2) **"Biiroo"** jechuun Biiroo Pabiliik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Nama Oromiyaadha.
3) **" Sirreeffama Iskeelii mindaa"** jechuun hojjetaan mootummaa tokko iskeelii mindaa dura irra jiru irraa gara iskeelii mindaa haaraatti sirreeffamuuf haala qabatamaa jiruun mindaa iskeelii haaraatti sirreessuuf mindaa hayyamameedha.
4) **"Dandeettii Barbaachisoo"** jechuun ulaagaalee dandeettii gita hojii tokkoof barbaachisan, kanneen akka sadarkaa barnootaa, gosa barnootaa fi muuxannoo hojii **kallattiidhaan** gaafatu jechuuudha.
5) **"Gita Hojii"** jechuun hojjetaa mootummaa tokkoof yeroo hojii guutuu keessatti raawwatamuuf hojii fi itti gaafatamummaa qaama aangoo qabuun kennameedha.
6) **"Hogganaa Ol'aanaa"** jechuun mana hojii mootummaa naannichaa sadarkaa sadarkaan jiran ol'aantummaan kan gaggeessu yookiin itti aantootaa isaa jechuuudha.
7) **"Hojjetaa Mootummaa"** jechuun nama mana hojii mootummaa naannichaa keessatti **dhaabbiidhaan** qaxaramee hojjetuu jechuuudha.
8) **"Hojjetaa Kontiraataa"** jechuun gita hojii madaalamee sadarkaan isaa murtaa'ee irratti tajaajila itti fufiinsaa hin qabaannee irratti kontiraataan qaxaramee hojjechaa kan jirudha.
9) **"Mana Hojii Mootummaa"** jechuun Labsiidhaan yookiin Dambiidhaan of danda'ee kan hundeeffamee fi baajata mootummaan ramadu guutummaan guutuutti yookiin walakkaan yookiin gar-tokkeen kan bulu Mana Hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechuuudha.
10) **"Mindaa"** jechuun kaffaltii ka'umsa gita hojii tokkoof murtaa'e, dabala yeroo yerootti kennamuu fi iddoo hojiitti argamuun hojii hojjetameef kaffaltii dhuma ji'aatti raawwatamudha.

Yaa'iqoob Taaddasaa Akkanaa
I/A Hogganaa Biiroo fi I/G
Dhimmoota Siivil Sarviisii

11) **“Mootummaa”** Jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechuudha.

12) **“Muudamaa Mootummaa”** jechuun nama gita hojii bu’úura seeraatiin muudamaaf baname (adda bahee) irratti ulaagaa jiru irratti hundaa’uudhaan kan muudame jechuudha.

13) **“Filatamaa Uummataa”** jechuun bu’uura seera filannootiin Miseensa Bakka Bu’ootaa Uummataa, Uummataan kan filatamee fi tajaajila uummataaf kennaa kan jiru jechuudha.

14) **“Ramaddii Hojjettootaa”** jechuun hojjattoota qaxaraan yookiin jijjiirraan yookiin guddina sadarkaan yookiin gurmaa’insa caasaan yookiin hojiitti deebisuun akkasumas hoggantoota itti gaafatamummaa irraa ka’anii fi filatamtoota uummataa bara hojii isaanii xumuran gita hojii ulaagaalee dandeettii barbaachisoo guutuu isaa mirkaneeffachuun gitoota hojii bana bajata qaban irratti ramaduun hojjechiisuu jechuuudha.

## 3. Daangaa Raawwatiinsaa

Qajeelfamni kun hojjattoota Mootummaa, Muudamtoota Mootummaa fi Filatamtoota uummataa sadarkaa Naannoo irraa hanga Gandaa jiran irratti raawwatinsa ni qabaata.

## 4. Ibsa Koorniyaa

Qajeelfama kana keessatti jechi koorniyaa dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

Yaaqoob Taaddasaa Akkanaa
I/A Hogganaa Biiroo fi I/G
Dhimmoota Siivil Sarviisii

# KUTAA LAMA

## QAJEELTOO, YEROO HOJIIRRA OOLMAA FI MURTEEWWAN ADDA ADDAA

### 5. Qajeeltoowwan Raawwii Sirreefama Iskeelii Mindaa

1) Sirreefamni iskeelii mindaa kun Labsii, dambii fi qajeelfamaa hoggansa qabeenya namaa hojiirra jiru fi qajeelfama kana qofa bu'uura godhachuun raawwatamuu qaba

2) Kaffaltii sirreeffama iskeelii mindaa kun kan raawwatamu ragaan dhiyaate sirrummaan isaa qaama dhimmi ilaalatuun erga mirkanaa'e ta'uu qaba.

3) Kaffaltii Sirreeffama iskeelii mindaa kun qaamoolee qajeelfama kanaan sirreeffamni iskeelii mindaa kun hayyamaamee qofaaf kan raawwatamu ta'a.

4) Kaffaltiin sirreeffama iskeelii mindaa hojjettootni mootummaa, muudamtoota mootummaa fi filatamtoota uummataa mindaa argachaa jiran ka'umsa taasisuun kan raawwatamu ta'a.

5) Kaffaltii Sirreeffama iskeelii mindaa hojjettootaa mootummaa, muudamtoota mootummaa fi filatamtoota uummataa sadarkaa naannootti Biiroo Pabiliik Sarviisii Fi Misooma Qabeenya Namaa Oromiyaa,sadarkaa Godinaalee fi Bulchiinsa Magaalotaatti Waajjira Pabliik sarviisii fi misooma qabeenya namaa fi Sadarkaa Aanaalee fi Bulchiinsa Magaalota Sadarkaa Aanaatti Waajjiiraalee Bulchiinsaa yookiin Kaantiibaaf dhiyaatee mirkanaa'ee xalayaadhan Biiroo mallaaqaa fi caasaa isaa sadarkaan jiraniif darbee kan kafalamu ta'a.

### 6. Yeroo Kaffaltiin sirreefamni Iskeelii Mindaa Hojiirra Ooluu

1) Kaffaltiin sirreefamni iskeelii mindaa hojjettoota mootummaa, muudamtoota mootummaa fi filatamtoota uummataaf haayyamamee kun minda **ji'a Fulbaanaa bara 2017** kaffalame ka'umsa godhachuun kan raawwatamu ta'a.

2) Kaffaltiin sirreefama iskeelii mindaa hojjettoota mootummaa, muudamtoota mootummaa fi filatamtoota uummataa naannoo Oromiyaaf hayyamamee kun **Onkoloolessa 01/2017** irraa eegalee kan hojiirra ooluu ta'a.

Ya'iqoob Taaddasaa Akkanaa
I/A Hogganaa Biiroo fi I/G
Dhimmoota Siivil Sarviisii

## 7. Murteewwan Adda Addaa

1) Fooya'iinsi iskeelii mindaa tasifame kun baasii gudda kan hordofsiisuu waan ta'eef bara bajata kanatti manneen hojii sadarkaan jiran hunda irratti fooyya'insa iskeelii mindaas ta'e, faayidalee adda adda kamiyyuu yoo mootummaa hayyame malee kan hin raawwatamne ta'a.

2) Abbootiin Seeraa fi abbootiin alangaa qorannoo sirreeffama iskeelii mindaa kana keessatti waan hin hamatamneef qajeelfamni kun isaan irratti raawwatinsa hin qabatu.

3) Hojjattootni mootummaa, muudamtootni mootummaa fi filatamtootni uummataa mindaan ji'aa isaanii qarshii **25,000** fi isa ol ta'an qorannoo kana keessatti waan hin hamatamneef qajeelfamni kun isaan irratti raawwatinsa hin qabatu.

4) Manneen hojii mindaan iskeeliin adda hayyamameef mindaa isaani qarshii 25,000 gadi kan jiran ka'umsi gulantaa yookiin baaxiin sirreeffama mindaa kan raawwatamuuf yoo ta'u, qarshii 25, 000 fi isa ol kan argachaa jiran mindaa qabataniin kan itti fufan ta'a.

5) Muudamtoota mootummaa fi filatamtoota uummataa mindaan kaffalamaafii jiru mindaa sadarkaa ramaddii muudamaa irratti ramadamanii jiraniin iskeeliin mindaa haaraa kanaan hayyamamee ol yoo ta'ee, mindaa kaffalamaa jiru qabatanii kan itti fufu ta'a.

6) Sirreeffamni Iskeelii mindaa addaa Komishinii Siviil Sarvisii Federaalaatiin hin hayyamamne fi sadarkaan gitoota hojii madaalamee sadarkaan isaa hin murtoofne irratti sirreeffama iskeelii mindaa taasisuun hin danda'amu.

7) Qaxariin, guddina sadarkaa, kaffaltii gurmaa'insa caasaa fi kaffaltii sirreefamni mindaa kamiyyuu addatti mootummaan naannichaa yoo murteessee ala hanga dhuma bara bajetaa **2017** kanaatti raawwachuun dhorkaadha.

8) Bobba'iinsi qabeenya namaa kami iyyuu **Onkolooleessa 01/2017** irra eegale iskeelii minda duraatiin raawwachuun hin danda'amu.

Yaa'iqoob Taaddasaa Akkanaa
I/A Hogganaa Biiroo fi I/G
Dhimmoota Siivil Sarviisii

# KUTAA SADI

# TARREEFFAMA RAAWWII SIRREEFAMA ISKEELII MINDAA

## 8. Tarreeffama Raawwii Sirreeffama Iskeelii Mindaa

1) Kaffaltiin sirreeffama iskeelii mindaa kun osoo hin raawwatiin dura qajeelfama kana irratti hojjettootaa fi hoggantootaaf hubannoon kennamuu qaba.

2) Hojjettootni mootummaa mindaan isaanii gulantaalee mindaa lama gidduu jiru gara gulantaa itti aanuutti sirreeffamuun kan kaffalamuuf ta'a.

3) Hojjettootni mootummaa mindaa guddina gulantaa (Career Structure) duraan argachaa turaan mindaan isaanii gara sireeffama iskeelii mindaa haaraatti yeroo jijjiramuu guddinni gulantaa (Career Structure) isaanii akkaataa gabatee sirreeffama iskeelii mindaa haaraan kan raawwatamuuf ta'a.

4) Hojjettootni mootummaa barnoota barachaa jiran sirreeffamni iskeelii mindaa kan taasifamuuf mindaa kaffalamaafii jiru irraa ta'a.

5) Hojjettootni qaxara yaalii irra jiran fayyadamaa sirreeffama iskeelii mindaa kanaa ni ta'u.

6) Hojjettootni mootummaa, muudamtoota mootummaa fi filatamtoota uummataa sooroma bahuudhaaf ji'i sadii (3) isaan hafuu sirreeffamni iskeelii mindaa haaraa kanan kan hammataman ta'u.

7) Hojjettootni mootummaa, muudamtoota mootummaa fi filatamtoota uummataa yeroo hojii mootummaaf bobba'an durgoon oolmaa fi durgoon gammoojjii akkaataa sirreeffama iskeelii mindaa gabatee haaraan kan raawwatamuf ta'a.

8) Kaaffaltiin sirreeffama iskeelii mindaa hojjettoota mootummaa, muudamtoota mootummaa fi filatamtoota uummataa kun kan raawwatamuu akkaataa ragaa tilmaama baasii baajata mootummaan mirkanaa'ee gadii bu'u irrattii hundaa'uun of-eegannoo guddaan kan raawwatamu ta'a.

9) Raawwiin hojii kaffaltii sirreeffama iskeelii mindaa hojjettoota mootummaa, muudamtoota mootummaa fi filatamtoota uummataa daangaa yeroo karoora hojiirra oolmaa kaffaltii sirreeffama iskeelii mindaa Biirichii qopheessee hordofuun raawwachuu qaba.



Yaa'iqoob Taaddasaa Akkanaa
I/A Hogganaa Biiroo fi I/G
Dhimmoota Siivil Sarviisii

10) Hojjettootni mootummaa sababa sirreeffama iskeelii mindaa qaala'iinsa jireenyaa taasifamee kanaan marsaa idilee dabalata mindaa argatan hin jijjiiru,

11) Hojjettootni fooy'insaa iskeelii mindaa **Adooleessa 2011** fooyya'ee hojiirra ooleen yookan iskeelii mindaa Biirichi hayyamamen sadarkaa baaxii irra kan gahanii fi fooya'iinsa iskeelii mindaa isa haaraa kanaan baaxiin kan ka'uuf iskeelii minda isa haaraa osoo baaxii hin darbiin sirreeffamni ni taasifama.

12) Hojjettootni mootummaa ramaddii, guddina sadarkaa fi haala seerota raawwii hoggansa qabeenya namaa Naannichaan fudhatama hin qabneen yookiin seeraa ala ta'een daballi mindaa raawwatameef yoo jiraate, Biirichi fi caasaa Biirrichaa sadarkaan jiruun kan hin hayyamneef yoo ta'e, sirreeffamni iskeelii mindaa hojjettootaa kan raawwatamu mindaa duraan seera qabeessaan argachaa turan irraa sirreeffamni kan taasifamuuf ta'a.

13) Hojjataan sababa adabbii naamusaan sadarkaa fi mindaa irraa gadi bu'e, mindaan isaa akka hir'atu kan taasifamee sireeffamni iskeelii mindaa kun kan taasifamuuf mindaa hir'ifamee argachaa jiru irraa ta'a.

14) Keewwata kana keewwata xiqqaa 13 jalatti kan ibsamee jiraatus, turtii adabbii itti murtaa'e yeroo xumuruu mindaa ka'umsa gita hojii irra turee irratti kan sirreeffamuuf ta'a.

15) Hojjettootni mootummaa gara Piroojektiitti jijjiramuun hojjetaa jiran yeroo hojii piroojektichaa xumuruun yookiin piroojektichi addaan cituun gara mana hojii isaaniitti yoo deebi'an sirreeffamni iskeelii mindaa haaraa kan taasifamuuf qajeelfama raawwii hoggansa qabeenya namaa manneen hojii naannichaa hordofuun mindaa osoo gara piroojektiitti hin jijjiramiin dura argachaa ture irraa kan sirreeffamuuf ta'a.

16) Hojjattootni kontirataa sirreefama iskeelii mindaa argachuu kan danda'an kanneen gitoota hojii Komishinii Siviil Sarviisii Fedeeraalaatiin madaalamee mirkaana'ee sadarkaan isaa murtaa'e irratti Biirichaan hayyamamee qajeelfama raawwii hoggansa qabeenya namaa Manneen hojii Naannichaa hordofuun kanneen qaxaramanii hojjechaa jiran qofaaf sirreeffamni iskeelii mindaa kan taasifamuuf ta'a.

17) Keewwata kana keewwata xiqqaa 16 jalatti kan ibsame jiraatus, kaffaltiin sirreeffama iskeelii mindaa hojjettoota yeroo fi kontiraataa raawwachuun kan danda'amu sadarkaa



Ya'iqoob Taaddasaa Akkanaa
I/A Hogganaa Biiroo fi I/G
Dhimmoota Siivil Sarviisii

Naannootti Biirichaan kan raawwatamuu ta'ee, sadarkaa Godinaalee fi Bulchiinsa Magaalotaati Waajjiraalee Pabliik Sarvisii fi Misooma Qabeenya Namaan sadarkaa aanaaleeti ykn magaaloota sadarkaa aanaaleetti waajjiirra bulchiinsaa ykn kaantiibaan mirkanaa'ee kan raawwatamu ta'a.

18) Keewwata kana keewwata xiqqaa 17 jalatti kan ibsamee akkuma jirutti ta'ee, hojjettoota yeroo fi kontiraataa sadarkaa kutaa magaalaa, Aanaa fi magaalota sadarkaa Aanaa Waajjiraalee Pabliik Sarvisii fi Misooma Qabeenya Namaa Godinaa yookiin Bulchiinsa Magaalotaatti dhiyaachuun erga mirkanaa'ee booda iskeeliin mindaa isaanii kan sirreeffamuuf ta'a.

19) Keewwata kana keewwata xiqqaa 16, 17 fi 18 jalatti kan ibsamee jiraatus, sadarkaa gita hojii madaalamee murtaa'ee ol irratti hojitichi kan ramadame yoo ta'e, kaffaltiin iskeelii mindaa kun kan hin ilaallanne ta'a.

20) Hojjettootni mootummaa sababa adda addaatiin hojii idilee isaa addaan kutan gara hojii idilee isaaniitti yeroo deebi'an gita hojii madalaame sadarkaan murtaa'e fi sadarkaa mindaa argachaa turan irraa sirreeffamni iskeelii mindaa kan taasifamuuf ta'a.

21) Ogeeyyiin fayyaa Sababa addummaa hojichaa irraan kan ka'ee, koolleejjota Fayyaa keessatti osoo barsiisaa jiranii tajaajila yaala fayyaa Koolleejjichaatti kennaa jiran hojiin barsiisuu isaanii akkuma jirutti ta'ee, sadarkaa barnoota qabaniin (acadamy) yookiin ogummaa fayyaan sadarkaa fooyyee qabu irratti sirreeffamni iskeelii mindaa kan taasifamuuf ta'a.

22) Sirreeffamni iskeeliin mindaa kun hojiirra yeroo oolu mindaan hojjataa tokkoo:

a) Ka'umsi mindaa hojjetaa mootummaa sadarkaa gita hojii itti ramadamee olii fi gulantaa mindaa gabatee iskeelii haaraa irra jiru waliin kan wal hin simne yoo ta'e, gulantaa itti aanutti kan sirreeffamu ta'a.

b) Ka'umsa iskeeli mindaa baaxii waliin kan wal simu yoo ta'ee, yookiin baaxii ol yoo ta'e, sirreeffamni iskeelii minda hin tasifamuuf.

Yaa'iqoob Taaddasaa Akkanaa
I/A Hogganaa Biiroo fi I/G
Dhimmoota Siivil Sarviisii

## Gabatee 1: Ce'umsaa Iskeelii mindaa hojjattoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Onkololeessa Bara, 2017 Ittiin Raawwatamu

| Sadarkaa | Ibsa | Minda ka'umsa | Gulantaa Mindaa 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 8 | 9 | Baaxii |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| I | Minda Haaraa | 4760 | 4760 | 4760 | 4760 | 4760 | 4760 | 4760 | 4760 | 4760 | 4760 | **4760** |
| | Minda Duraa | 1100 | 1174 | 1253 | 1338 | 1428 | 1523 | 1624 | 1731 | 1843 | 1958 | **2079** |
| II | Minda Haaraa | 4929 | 4929 | 4929 | 4929 | 4929 | 4929 | 4929 | 4929 | 4929 | 4929 | **4929** |
| | Minda Duraa | 1338 | 1428 | 1523 | 1624 | 1731 | 1843 | 1958 | 2079 | 2208 | 2344 | **2487** |
| III | Minda Haaraa | 5104 | 5104 | 5104 | 5104 | 5104 | 5104 | 5104 | 5104 | 5104 | 5104 | **5104** |
| | Minda Duraa | 1624 | 1731 | 1843 | 1958 | 2079 | 2208 | 2344 | 2487 | 2638 | 2799 | **2969** |
| IV | Minda Haaraa | 5283 | 5283 | 5283 | 5283 | 5283 | 5283 | 5283 | 5283 | 5283 | 5283 | **5283** |
| | Minda Duraa | 1958 | 2079 | 2208 | 2344 | 2487 | 2638 | 2799 | 2969 | 3150 | 3333 | **3526** |
| V | Minda Haaraa | 5659 | 5659 | 5659 | 5659 | 5659 | 5659 | 5659 | 5659 | 5659 | 5659 | **5659** |
| | Minda Duraa | 2344 | 2487 | 2638 | 2799 | 2969 | 3150 | 3333 | 3526 | 3729 | 3934 | **4150** |
| VI | Minda Haaraa | 6058 | 6058 | 6058 | 6058 | 6058 | 6058 | 6058 | 6058 | 6058 | 6058 | **6058** |
| | Minda Duraa | 2799 | 2969 | 3150 | 3333 | 3526 | 3729 | 3934 | 4150 | 4379 | 4609 | **4851** |
| VII | Minda Haaraa | 6485 | 6485 | 6485 | 6485 | 6485 | 6485 | 6485 | 6485 | 6485 | 6485 | **6709** |
| | Minda Duraa | 3333 | 3526 | 3729 | 3934 | 4150 | 4379 | 4609 | 4851 | 5098 | 5358 | **5626** |
| VIII | Minda Haaraa | 6940 | 6940 | 6940 | 6940 | 6940 | 6940 | 6940 | 6940 | 6940 | 7424 | **7676** |
| | Minda Duraa | 3934 | 4150 | 4379 | 4609 | 4851 | 5098 | 5358 | 5626 | 5907 | 6193 | **6481** |
| IX | Minda Haaraa | 7424 | 7424 | 7424 | 7424 | 7424 | 7424 | 7424 | 7676 | 7934 | 8194 | **8474** |
| | Minda Duraa | 4609 | 4851 | 5098 | 5358 | 5626 | 5907 | 6193 | 6481 | 6773 | 7071 | **7377** |
| X | Minda Haaraa | 7934 | 7934 | 7934 | 7934 | 7934 | 7934 | 8474 | 8758 | 9047 | 9341 | **9645** |
| | Minda Duraa | 5358 | 5626 | 5907 | 6193 | 6481 | 6773 | 7071 | 7377 | 7690 | 8017 | **8354** |
| XI | Minda Haaraa | 8474 | 8474 | 8474 | 8474 | 8758 | 9047 | 9341 | 9645 | 9953 | 10272 | **10600** |
| | Minda Duraa | 6193 | 6481 | 6773 | 7071 | 7377 | 7690 | 8017 | 8354 | 8705 | 9056 | **9420** |
| XII | Minda Haaraa | 9047 | 9047 | 9047 | 9341 | 9645 | 9953 | 10272 | 10600 | 10934 | 11279 | **11634** |
| | Minda Duraa | 7071 | 7377 | 7690 | 8017 | 8354 | 8705 | 9056 | 9420 | 9785 | 10150 | **10521** |
| XIII | Minda Haaraa | 9645 | 9645 | 9953 | 10272 | 10600 | 10934 | 11279 | 11634 | 12001 | 12379 | **12765** |
| | Minda Duraa | 8017 | 8354 | 8705 | 9056 | 9420 | 9785 | 10150 | 10521 | 10906 | 11305 | **11719** |
| XIV | Minda Haaraa | 10600 | 10600 | 10934 | 11279 | 11634 | 12001 | 12379 | 12765 | 13163 | 13998 | **14432** |
| | Minda Duraa | 9056 | 9420 | 9785 | 10150 | 10521 | 10906 | 11305 | 11719 | 12148 | 12579 | **13013** |

Yaa'iqoob Taaddasaa Akkanaa
I/A Hogganaa Biiroo fi I/G
Dhimmoota Siivil Sarviisii

| | | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| XV | Minda Haaraa | 11634 | 11634 | 12001 | 12379 | 12765 | 13163 | 13998 | 14432 | 14879 | 15340 | **15802** |
| | Minda Duraa | 10150 | 10521 | 10906 | 11305 | 11719 | 12148 | 12579 | 13013 | 13462 | 13926 | **14400** |
| XVI | Minda Haaraa | 12765 | 12765 | 13163 | 13998 | 14432 | 14879 | 15340 | 15802 | 16267 | 16738 | **16738** |
| | Minda Duraa | 11305 | 11719 | 12148 | 12579 | 13013 | 13462 | 13926 | 14400 | 14890 | 15396 | **15912** |
| XVII | Minda Haaraa | 13998 | 14432 | 14879 | 15340 | 15802 | 16267 | 16738 | 17220 | 17716 | 18226 | **18751** |
| | Minda Duraa | 12579 | 13013 | 13462 | 13926 | 14400 | 14890 | 15396 | 15912 | 16437 | 16979 | **17531** |
| XVIII | Minda Haaraa | 15340 | 15802 | 16267 | 16738 | 17220 | 17716 | 18226 | 18751 | 19291 | 19820 | **20363** |
| | Minda Duraa | 13926 | 14400 | 14890 | 15396 | 15912 | 16437 | 16979 | 17531 | 18092 | 18671 | **19252** |
| XIX | Minda Haaraa | 16738 | 17220 | 17716 | 18226 | 18751 | 19291 | 19820 | 20363 | 20921 | 21491 | **22072** |
| | Minda Duraa | 15396 | 15912 | 16437 | 16979 | 17531 | 18092 | 18671 | 19252 | 19850 | 20468 | **21092** |
| XX | Minda Haaraa | 18226 | 18751 | 19291 | 19820 | 20363 | 20921 | 21491 | 22079 | 22682 | 23301 | **23937** |
| | Minda Duraa | 16979 | 17531 | 18092 | 18671 | 19252 | 19850 | 20468 | 21092 | 21725 | 22361 | **23005** |
| XXI | Minda Haaraa | 19820 | 20363 | 20921 | 21491 | 22079 | 22682 | 23301 | 23937 | 24583 | 25235 | **25904** |
| | Minda Duraa | 18671 | 19252 | 19850 | 20468 | 21092 | 21725 | 22361 | 23005 | 23654 | 24305 | **24961** |
| XXII | Minda Haaraa | 21491 | 22079 | 22682 | 23301 | 23937 | 24583 | 25235 | 25904 | | | |
| | Minda Duraa | 20468 | 21092 | 21725 | 22361 | 23005 | 23654 | 24305 | 24961 | | | |

***<u>Hubachiisa:</u>*** ***Gabateen 1ffaa kun sadarkaa gita hojii tokko irratti mindaa duraa kaffalamaa turee gara mindaa ce'umsaa iskeelii haarratti kan ceesissuu ta'uu kan agarsiisedha.***

**Yaa'iqoob Taaddasaa Akkanaa**
**I/A Hogganaa Biiroo fi I/G**
**Dhimmoota Siivil Sarviisii**

## Gabatee 2: Iskeelii mindaa hojjattoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Onkololeessa Bara, 2017

| Sadar kaa | Ka'umsa minda | Gulantaa Mindaa | | | | | | | | | Baaxii |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 8 | 9 | |
| I | 4760 | 4929 | 5104 | 5283 | 5467 | 5659 | 5855 | 6058 | 6269 | 6485 | **6709** |
| II | 4929 | 5104 | 5283 | 5467 | 5659 | 5855 | 6058 | 6269 | 6485 | 6709 | **6940** |
| III | 5104 | 5283 | 5467 | 5659 | 5855 | 6058 | 6269 | 6485 | 6709 | 6940 | **7180** |
| IV | 5283 | 5467 | 5659 | 5855 | 6058 | 6269 | 6485 | 6709 | 6940 | 7180 | **7424** |
| V | 5659 | 5855 | 6058 | 6269 | 6485 | 6709 | 6940 | 7180 | 7424 | 7676 | **7934** |
| VI | 6058 | 6269 | 6485 | 6709 | 6940 | 7180 | 7424 | 7676 | 7934 | 8199 | **8474** |
| VII | 6485 | 6709 | 6940 | 7180 | 7424 | 7676 | 7934 | 8199 | 8474 | 8758 | **9047** |
| VIII | 6940 | 7180 | 7424 | 7676 | 7934 | 8199 | 8474 | 8758 | 9047 | 9341 | **9645** |
| IX | 7424 | 7676 | 7934 | 8199 | 8474 | 8758 | 9047 | 9341 | 9645 | 9953 | **10272** |
| X | 7934 | 8199 | 8474 | 8758 | 9047 | 9341 | 9645 | 9953 | 10272 | 10600 | **10934** |
| XI | 8474 | 8758 | 9047 | 9341 | 9645 | 9953 | 10272 | 10600 | 10934 | 11279 | **11634** |
| XII | 9047 | 9341 | 9645 | 9953 | 10272 | 10600 | 10934 | 11279 | 11634 | 12001 | **12379** |
| XIII | 9645 | 9953 | 10272 | 10600 | 10934 | 11279 | 11634 | 12001 | 12379 | 12765 | **13163** |
| XIV | 10600 | 10934 | 11279 | 11634 | 12001 | 12379 | 12765 | 13163 | 13574 | 13995 | **14429** |
| XV | 11634 | 12001 | 12379 | 12765 | 13163 | 13574 | 13998 | 14432 | 14879 | 15340 | **15802** |
| XVI | 12765 | 13163 | 13574 | 13998 | 14432 | 14879 | 15340 | 15802 | 16267 | 16738 | **17220** |
| XVII | 13998 | 14432 | 14879 | 15340 | 15802 | 16267 | 16738 | 17220 | 17716 | 18226 | **18751** |
| XVIII | 15340 | 15802 | 16267 | 16738 | 17220 | 17716 | 18226 | 18751 | 19291 | 19820 | **20363** |
| XIX | 16738 | 17220 | 17716 | 18226 | 18751 | 19291 | 19820 | 20363 | 20921 | 21491 | **22072** |
| XX | 18226 | 18751 | 19291 | 19820 | 20363 | 20921 | 21491 | 22072 | 22652 | 23232 | **23813** |
| XXI | 19820 | 20363 | 20921 | 21491 | 22072 | 22652 | 23232 | 23813 | 24397 | 24982 | **25567** |
| XXII | 21491 | 22072 | 22652 | 23232 | 23813 | 24397 | 24982 | 25567 | 25622 | 26288 | **26959** |

***<u>Hubachiisa:</u>* Gabatee 2ffaan hojiileen fo'annoo fi Filannoo idilee gara fuula duraa kan ittiin raawwatamudha.**

Yaa'iqoob Taaddasaa Akkanaa
I/A Hogganaa Biiroo fi I/G
Dhimmoota Siivil Sarviisii

**Gabatee 3: Sirreeffama Iskeelii Mindaa Haaraa Muudamtoota Mootummaa fi Filatamtoota Uummataa Naannoo Oromiyaa Onkoloolessa bara, 2017**

| Lakk | Sadarkaa Muudamma | Mindaa Duraa | Mindaa Haaraa | Garaagarumma minda |
|---|---|---|---|---|
| **I** | **Muudamtoota Manneen Hojii Sadarkaa Naannoo** | | | |
| 1 | Pirezedaantii fi Af Yaa'ii | 17711 | 18862 | 1151 |
| 2 | Pirezedaantii Itti Aanaa, I/Aanaa Af Yaa'ii fi Sadarkaa Kanatti Kan Muudaman | 16388 | 18100 | 1712 |
| 3 | Miseensota Mana Maree Bulchiinsaa fi kanneen sadrkaa kanatti Muudaman | 14373 | 17535 | 3162 |
| 4 | Itti aanantota Hooggantoota Miseensa Mana Maree Ta'an, Komishineroota, Daarektera olaanaa fi Kanneen Sadarkaa Kanatti Muudaman | 13348 | 16276 | 2928 |
| 5 | I/A Komishinerootaa, Itti aantota Daarektera olaanaa fi Kanneen sadrkaa kanatti muudaman | 12663 | 14310 | 1647 |
| **II** | **Muudamtoota Sadarkaa Godinaa** | | | |
| 1 | Bulchaa Godinaa | 13348 | 17535 | 4187 |
| 2 | I/A Bulchaa Godinaa fi Kanneen sadarkaa kanatti kan muudaman | 12663 | 14310 | 1647 |
| 3 | Miseensotaa Mana Maree Bulchiinsaafi kanneen sadarkaa kanatti muudaman | 11636 | 13385 | 1749 |
| 4 | I/Aantoota Ittigaafatamtoota Manneen hojii sadarkaa Godinaafi kanneen sadarkaa kanatti muudaman | 10270 | 12339 | 2069 |
| **III** | **Muudamtoota Sadarkaa Aanaalee baadiyyaa, Magaalota Giddugaleessaa fi Magaalota Guddattuu** | | | |
| 1 | Bulchaa Aanaa fi Afaiyii | 13348 | 17,535 | 4,187 |
| 2 | I/A Bulchaa Aanaale fi Kanneen sadarkaa kanatti muudaman | 12663 | 14,310 | 1,647 |
| 3 | Miseensotaa Mana Maree Bulchiinsaafi kanneen sadarkaa kanatti muudaman | 11636 | 13,385 | 1,749 |
| 4 | I/A Ittigaafatamtoota Manneen hojii sadarkaa Aanaale fi kanneen sadarkaa kanatti muudaman | 10270 | 12,339 | 2,069 |
| **IV** | **Muudamtoota Sadarkaa Ganda Baadiyyaa** | | | |
| 1 | Bulchaa Gandaa Baadiyyaa | 10,270 | 13,823 | 3,553 |
| 2 | I/A Bulchaa Gandaa fi Kanneen sadarkaa kanatti muudaman | 9,243 | 11,626 | 2,383 |
| 3 | Miseensotaa Mana Maree Bulchiinsaafi kanneen sadarkaa kanatti muudaman | 9,056 | 10,772 | 1,716 |
| **V** | **Muudamtoota Sadarkaa Magaalaa Metiropolisii (Shaggar)** | | | |
| 1 | Kantiibaa fi Afayaa'ii | 16,388 | 18,100 | 1,712 |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 2 | I/Aantoota kantiibaa, I/A Afayaa'ii fi Kanneen sadarkaa kanatti muudaman | 14,373 | 17,535 | 3,162 |
| 3 | Miseensotaa Mana Maree Bulchiinsaafi kanneen sadarkaa kanatti muudaman | 13,348 | 16,276 | 2,928 |
| 4 | I/A Ittigaafatamtoota Manneen hojii sadarkaa Magalaa fi kanneen sadarkaa kanatti muudaman | 12,663 | 14,310 | 1,647 |
| **VI** | **Muudamtoota Sadarkaa Magaalaa Rijiyoopolisii** | | | |
| 1 | Kantibaafi Afayaa'ii | 14373 | 17535 | 3162 |
| 2 | I/A kantiibaa, I/A Afayaa'iifi Kanneen sadarkaa kanatti muudaman | 13348 | 14310 | 962 |
| 3 | Miseensotaa Mana Maree Bulchiinsaafi kanneen sadarkaa kanatti muudaman | 12663 | 13385 | 722 |
| 4 | I/A Itti gaafatamtoota Manneen hojii sadarkaa Kutaa Magaalaa fi kanneen sadarkaa kanatti muudaman | 11808 | 12339 | 531 |
| **VII** | **Muudamtoota SadarkaaMuummee** | | | |
| 1 | Kantibaafi Afayaa'ii | 13348 | 17535 | 4187 |
| 2 | I/A kantiibaa, I/A Afayaa'iifi Kanneen sadarkaa kanatti muudaman | 12663 | 14310 | 1647 |
| 3 | Miseensotaa Mana Maree Bulchiinsaafi kanneen sadarkaa kanatti muudaman | 11636 | 13385 | 1749 |
| 4 | I/A Ittigaafatamtoota Manneen hojii sadarkaa Kutaa Magalaa fi kanneen sadarkaa kanatti muudaman | 10270 | 12339 | 2069 |
| **VIII** | **Muudamtoota Sadarkaa Magaalaa Olaanaa** | | | |
| 1 | Kantibaafi Afayaa'ii | 12663 | 16276 | 3613 |
| 2 | I/A kantiibaa, I/A Afayaa'iifi Kanneen sadarkaa kanatti muudaman | 11636 | 14310 | 2674 |
| 3 | Miseensotaa Mana Maree Bulchiinsaafi kanneen sadarkaa kanatti muudaman | 10270 | 13385 | 3115 |
| 4 | I/A Ittigaafatamtoota Manneen hojii sadarkaa Kutaa Magalaa fi kanneen sadarkaa kanatti muudaman | 9582 | 12339 | 2757 |
| **IX** | **Muudamtoota Sadarkaa Kutaalee Magaalaa** | | | |
| 1 | Bulchaa Kutaalee Magaalaa | 12663 | 14310 | 1647 |
| 2 | I/A Bulchaa Kutaa Magaalaa fi Kanneen sadarkaa kanatti muudaman | 11836 | 13385 | 1549 |
| 3 | Miseensotaa Mana Maree Bulchiinsaafi kanneen sadarkaa kanatti muudaman | 11294 | 12339 | 1045 |
| 4 | I/A Ittigaafatamtoota Manneen hojii sadarkaa Kutaa Magalaa fi kanneen sadarkaa kanatti muudaman | 10570 | 11670 | 1100 |

Yaa'iqoob Taaddasaa Akkanaa
I/A Hogganaa Biiroo fi I/G
Dhimmoota Siivil Sarviisii

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| X | **Muudamtoota Sadarkaa Aanaalee Magaalaa** | | | |
| 1 | Bulchaafi af-yaa'ii | 10,270 | 14,066 | 3,796 |
| 2 | I/A Bulchaa, I/A Afayaa'iifi Kanneen sadarkaa kanatti muudaman | 9,243 | 12,505 | 3,262 |
| 3 | Miseensotaa Mana Maree Bulchiinsaafi kanneen sadarkaa kanatti muudaman | 8,556 | 11,555 | 2,999 |
| 4 | I/A Ittigaafatamtoota Manneen hojii sadarkaa Kutaa Magalaa fi kanneen sadarkaa kanatti muudaman | 7,757 | 11,130 | 3,373 |
| XI | **Muudamtoota Sadarkaa Ganda Magaalaa** | | | |
| 1 | Bulchaa Gandaa Magaalaa | 10,270 | 13,823 | 3,553 |
| 2 | I/A Bulchaa Gandaa fi Kanneen sadarkaa kanatti muudaman | 9,243 | 11,626 | 2,383 |
| 3 | Miseensotaa Mana Maree Bulchiinsaafi kanneen sadarkaa kanatti muudaman | 9,056 | 10,772 | 1,716 |
| XII | **Gandoota Magaalota Mana Qopheessaa ganda Magaalaa tokkoo ol qabaniif** | | | |
| 1 | Hojii Geggeessaa Gandaa | 9243 | 11,626 | 2383 |
| 2 | Itti Aanaa Hojii Geggeessaa Gandaa | 9056 | 10,772 | 1716 |
| 3 | Gorsa Gurmaa'insa Dhimma Uummataa | 9056 | 10,772 | 1716 |

Yaa'iqoob Taaddasaa Akkanaa
I/A Hogganaa Biiroo fi I/G
Dhimmoota Siivil Sarviisii

## KUTAA AFUR

## HUNDEEFFAMA KOREE HOJIIRRAA OOLMAA SIRREEFFAMA ISKEELII MINDAA FI HAALA KOMIIN ITTI KEESSUMMAA'U

### 9. Koree Olaanaa Sadarkaa Naannoo

1) Itti gaafatama Waajjira Pirezidaantii---------------------------------------------walitti qabaa
2) Hogganaa Biiroo Pabliik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Namaa--------- miseensaa fi barreessaa
3) Hogganaa Biiroo Maallaqaa----------------------------------------------------------Miseensa

### 10. Koree Olaanaa Sadarkaa Godina/ Bulchiinsa Magaalaa

1) Itti gaafatama Waajjira Bulchiinsa/Kantiibaa------------------------------------walitti qabaa
2) Itti gaafatama Waajjira Pabliik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Namaa------miseensaa fi barreessaa
3) Itti gaafatama Maallaqaa---------------------------------------------------------------Miseensa

### 11. Koree Olaanaa SadarkaaAanaa Baadiyyaa fi Bulchiinsa Magaala sadarkaa Aanaa

1) Itti gaafatama Waajjira Bulchiinsa/Kantiibaa------------------------------------walitti qabaa
2) Itti gaafatama Waajjira Pabliik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Namaa-------- miseensaa fi barreessaa
3) Itti gaafatama Maallaqaa---------------------------------------------------------------Miseensa

### 12. Gahee fi Hojii Koree Olaanaa Sadarkaa Naannoo Hangaa Aanaatti Jiruu

1) Manneen hojii sadarkaan jiran ragaalee hojjattootaa, Muudamtoota Mootummaa fi Filatamtoota ummataa Biirichaa fi caasaa isaa sadarkaan jiruuf sadarlkaa Aanaa yookiin magaalota sadarkaa Aanaatti immoo Waajjira Bulchiinsaa ykn Kaantiibaatiif akka dhiyeessan fi sadarkaa Naannootti Daayirektooreetii Karoora, Misoomaa fi Bobba'insaa Qabeenya Namaaf, sadarkaa Godinaa fi Magaalotaatti Dursaa Garee Karoora, Misoomaa fi Bobba'insaa Qabeenya Namaa fi sadarkaa Aanaa yookiin magaalota sadarkaa Aanaa Waajjira Bulchiinsaa keessatti Dursaa Garee Karoora, Misoomaa fi Bobba'insaa Qabeenya Namaan akka qulqullaa'ee hojiirra oolu kallatti ni kennu.

Yaaqoob Taaddasaa Akkana
I/A Hogganaa Biiroo fi I/G
Dhimmoota Siivil Sarviisii

2) Raawwii sirreeffama iskeelii mindaa akkaataa karooraa fi ragaa sirriin yeroo isaa eeggatee akka raawwatuuf hordoffii barbaachisaa ni taasisuu.

3) Sirreeffama iskeelii mindaa kana keessatti rakkoolee mudataniif furmaata seera qabeessa ta'ee ni kenna.

**13. Sirna Komii Sirreeffama Kaffaltii Mindaa Itti Keessummeeffamu**

1) Hojjetaan mootummaa sirreeffama iskeelii mindaa irratti komii qabuu sadarkaa jalqabaatti mana hojii isaatti iyyachuudhaan deebii argachuu qaba.

2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan ibsamee akkuma jirutti ta'ee, hojjetaan mootummaa kaffaltii sirreeffama iskeelii mindaa irratti mana hojii isaatti deebii kennameefitti kan hin quufnee yoo ta'e, Daayirektooreetii yookiin Garee Odiitii Hoggansa Qabeenya Namaa Biirichaa fi caasaa isaa sadarkaan jiru, akkasumas Waajjira Bulchiinsaa Aanaa Garee Odiitii Hoggansa Qabeenya Namaatti dhiyeeffachuun deebii argachuu ni danda'a.

3) Keewwata kana keewwata xiqqa 1 fi 2 jalatti kan ibsamee akkuma jirutti ta'ee, komiin hojjetaa mootummaa irraa sadarkaa sadarkaan dhiyaatu Biiroo Pabliik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Namaa Oromiyaatti dhiyaachuun murtoo dhumaa kan argatu ta'a.

**14. Haala Komiin Hojjetaa Itti Dhiyaatuu fi Qulqullaa'uu Qabu**

1) Hojjetaan sirreeffama iskeelii mindaa haaraa kaffalamu irratti komii yoo qabaate mana hojii isaatti dhiyeeffachuun guyyoota hojii lama (2) keessatti deebiin kennamuufii qaba.

2) Hojjetaan guyyaa deebii isaa beeke irraa eegalee guyyaa hojii lama (2) keessatti komii isaa dhiyeeffachuu ni danda'a.

3) Koreen komii guyyaa komiin dhiyaateef irraa eegalee guyyoota hojii lama (2) keessatti qulqulleessee yaada murtii waliin hoogganaaf dhiyeessuu qaba.

4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 3 jalatti kan ibsamee akkuma jirutti ta'ee, hogganaan yaada murtii koree irraa dhiyaateef guyyaa hojii tokko (1) keessatti murtii kennuu qaba.

5) Koreen murtii ittigaafatamaan kenname guyyaa hojii tokko (1) keessatti abbaa dhimmaaf deebii kennuuf qaba.



Yaa'iqoob Taaddasaa Akkanaa
I/A Hogganaa Biiroo fi I/G
Dhimmoota Siivil Sarviisii

## KUTAA SHAN

## GAHEE FI HOJII QAAMOOLEE ADDA ADDAA

### 15. Gahee fi Hojii Biiroo Pabiliik Sarviisii fi Misoomaa Qabeenya Namaa Oromiyaa

1) Karoora kaffaltii sirreeffama iskeelii mindaa hojjettoota, muudamtoota mootummaa fi filatamtoota uummataa naannoo Oromiyaa qorachuun qopheessuun mootummaaf ni dhiyeessaa, yeroo hayyamamuu hojiirra ni oolcha, akka hojiirra oolu ni taasisa.
2) Baasii kaffaltii sirreeffama iskeelii mindaa qorachuun mootummaaf ni dhiyeessaa yeroo hayyamamuu hojiirra ni oolcha, akka hojiirra oolu ni taasisa.
3) Qajeelfama raawwii kaffaltii sirreeffama iskeelii mindaa qopheessuun hojiirra ni oolcha.
4) Garaagarummaa kaffaltii Sirreeffama iskeelii mindaa hojjettota mootummaa naannichaa qopheessisuun ni mirkaneessaa, kaffaltiin akka raawwatamu ni taasisa.
5) Hoggantootnii fi hojjettootni dhimmi ilaalatu qajeelfama kaffaltii Sirreeffama iskeelii mindaa hojjettootaa irratti hubannoo akka argatan ni taasisa.
6) Dhimmoota raawwii kaffaltii keessatti rakkoo ta'an qorachuudhaan furmaata ni kenna, dhimma humnaa ol ta'e mootummaaf dhiyeessuudhaan murtoo ni kennisiisa.
7) Kaffaltii raawwatamuu irrattii hordoffii fi deeggarsa ni taasisa, ni to'ata, bakka hanqinnii jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata, akka fudhatamuu ni tasáisa.
8) Dhimma iyyata, komii, eeruu fi ol'iyyannoo raawwii kaffaltii sirreeffama iskeelii mindaa irratti hojjettootaa mootuummaa irraa dhiyaatu qoratee sirreeffama barbaachisaa ni kenna, akka sirreeffamuu ni taasisa, akkaataa seeraatiin murtii ni kenna.

### 16. Gahee fi Hojii Manneen Hojii Sadarkaa Naannoo

1) Ragaalee kaffaltii sirreeffama iskeelii mindaa hojjettota mana hojii fi caasaalee isaa sadarkaan jiruuf galtee ta'an qindeessuun xiinxaluun Biiriichaa fi caasaa isaa sadarkaan jiruuf dhiyeessuu qabu.
2) Karoora Biirichi qopheessee dabarsu bu'uura taasisuun raawwii kaffaltii sirreeffama iskeelii mindaa hojjettoota mana hojii isaa fi caasaa isaa sadarkaan jiru irratti akka hojiirra oolu ni taasisa.

Yaa'iqoob Taaddasaa Akkanaa
I/A Hogganaa Biiroo fi I/G
Dhimmoota Siivil Sarviisii

3) Qajeelfama raawwii kaffaltii sirreeffama iskeelii mindaa hojjattoota mootummaa mirkanaa'ee isaan qaqqabu bu'uura godhachuun hojjattootaaf hubannoo kennuun kaffaltii hojjattoota mana hojii isaa fi caasaa isaa sadarkaan jiru of-eegannoo cimaan akka raawwatamu ni taasisa.

4) Kaffaltii Sirreeffama iskeelii mindaa hojjettoota mana hojii isaa fi caasaa isaa sadarkaan jiru irrattii hordoffii fi deeggarsa ni taasisa, ni to'ata, bakka hanqinnii jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata, akka fudhatamu ni taasáisa.

5) Dhimma iyyata, komii fi Eeruu raawwii kaffaltii sirreeffama iskeelii mindaa hojjettootaa mana hojii isaa irraa dhiyaatu ilaaluun sadarkaa mana hojichaatti akkaataa qjeelfamichaan deebii ni kenna.

## 17. Gahee fi Hojii Waajjiraalee Pabliik Sarviisii fi Misoomaa Qabeenya Namaa Godinaalee fi Bulchiinsa Magaalotaa

1) Qajeelfama kaffaltii sirreeffama iskeelii mindaa qophaa'e gadi bu'u irratti hubannoo uumuudhaan hojiirra akka oolu ni taasisa.

2) Garaagarummaa sirreeffama kaffaltii iskeelii mindaa hojjettota mootummaa sadarkaa isaanii jiru qopheessuun ni mirkaneessaa, gabaasa Biirichaaf ni dabarsa, kaffaltiin akka raawwatamu ni taasisa.

3) Dhimmoota raawwii sirreeffama kaffaltii iskeelii mindaa keessatti rakkoo ta'an adda baasuun Biiricha ni beeksisa, furmaata akka argatu ni taasisa.

4) Sirreefama Kaffaltii iskeelii mindaa raawwatamuu irrattii hordoffii fi deeggarsa ni taasisa, ni to'ata, bakka hanqinnii jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata, akka fudhatamuu ni taasisa, bakka rakkoo humnaa ol ta'etti Biiricha ni beeksisa, murtee akka argatu ni taasisa.

5) Dhimma iyyata, komii, Eeruu fi ol'iyyannoo raawwii kaffaltii sirreeffama iskeelii mindaa hojjettootaa manneen hojii irraa dhiyaatu ilaaluun sadarkaa isaanitti akkaataa qjeelfamichaan deebii ni kenna.

Yaa'iqoob Taaddasaa Akkanaa
I/A Hogganaa Biiroo fi I/G
Dhimmoota Siivil Sarviisii

## 18. Gahee fi Hojii Manneen Hojii Sadarkaa Godinaalee fi Bulchiinsa Magaalotaa

1) Ragaalee kaffaltii sirrffama iskeelii mindaa hojjettoota mana hojii fi caasaalee isaa sadarkaan jiruuf galte ta'an qindeessuun waajjiiraalee pabiliik sarviisii fi misooma qabeenya namaa sadarkaa isaanii jiruuf ni dhiyeessu.
2) Qajeelfama raawwii kaffaltii sirreeffama iskeelii mindaa hojjettoota mootummaa mirkanaa'ee isaan qaqqabe bu'uura godhachuun hojjettoota isaaniif hubannoo kennuun kaffaltii hojjattoota seektara isaa fi caasaa isaa sadarkaan jiru of-eegannoo cimaan akka raawwatamu ni taasisa.
3) Dhimmoota raawwii kaffaltii sirreeffama iskeelii mindaa keessatti rakkoo ta'an qorachuudhaan furmaata ni kenna, bakka barbaachisaa ta'etti Waajjira Pabliik Sarvisii fi Misooma Qabeenya namaa Sadarkaa isaanitti argamuuf dhiyeessuudhaan deebii akka argatu ni taasisa.
4) Kaffaltii sirreeffama iskeelii mindaa hojjettoota mana hojii isaa fi caasaa isaa sadarkaan jiru irrattii hordoffii fi deeggarsa ni taasisa, ni to'ata, bakka rakkoon jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata, akka fudhatamuu ni taasisa.
5) Dhimma iyyata, komii fi Eeruu raawwii kaffaltii sirreeffama iskeelii mindaa hojjettootaa mana hojii isaanii irraa dhiyaatu ilaaluun sadarkaa isaanitti akkaataa qjeelfamichaatiin deebii ni kenna.

## 19. Gahee fi Hojii Waajjira Bulchiinsa yookiin kaantibaa Sadarkaa Aanaalee fi Magaaloota Gidduu Galleessaa fi Guddaattuu

1) Ragaalee kaffaltii sirreeffama iskeelii mindaa hojjettota sadarkaa Aanaa yookiin magaalotaa fi caasaalee Gandaa jiru galtee sirreefama iskeelii mindaa ta'an qindeessuun mirkaneessee Waajjira Pabliik Sarvisii fi Misooma Qabeenya namaa Godinaaf ni dhiyeessa.
2) Qajeelfama kaffaltii sirreeffama iskeelii mindaa mirkanaa'ee gadi bu'e irratti hojjettoota sadarkaa isaanitti argamaniif hubannoo ni kenna.
3) Qajeelfama raawwii kaffaltii sirreeffama iskeelii mindaa Hojjattoota mootummaa mirkanaa'ee isaan qaqqabe bu'uura godhachuun kaffaltii hojjattootaa fi Muudamtoota mootummaa sadarkaa Aanaa yookiin magaalaa fi Gandootaa mirkaneessuun of-eegannoo cimaan akka raawwatamu ni taasisa.



Yaa'iqoob Taaddasaa Akkanaa
I/A Hogganaa Biiroo fi I/G
Dhimmoota Siivil Sarviisii

4) Dhimmoota raawwii kaffaltii keessatti rakkoo ta'an adda baasuun furmaata ni kenna, bakka barbaachisaa ta'etti Waajjira Pabliik Sarvisii fi Misooma Qabeenya namaa Sadarkaa Godinaaf dhiyeessuudhaan deebii akka argatu ni taasisa.
5) Kaffaltii sirreefama iskeelii mindaa hojjettootaaf raawwatamu irratti hordoffii fi deeggarsa ni taasisa, ni to'ata, bakka hanqinnii jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata.
6) Dhimma iyyataa fi komii raawwii kaffaltii iskeelii mindaa hojjettootaa dhiyaatu qorachuudhaan deebii akka argatu ni taasisa.

Yaa'iqoob Taaddasaa Akkanaa
I/A Hogganaa Biiroo fi I/G
Dhimmoota Siivil Sarviisii

# KUTAA JAHA

## TUMAALEE ADDA ADDAA

### 20. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabne

Qajeelfmani yookiin barmaatileen hojii qajeelfama kanaan walfaalleessan kamiyyuu dhimmoota qajeelfama kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

### 21. Ittigaafatamummaa

1) Tumaalee qajeelfamaa kanaa cabsuun haala qajeelfamichaan ibsameen alatti hogganaan yookiin hojjetaan akkasumas qaamni sirreeffama iskeelii mindaa hojjettoota mootummaa qaala'iinsa jireenya dandamachiisuuf bahe kanaan alatti raawwatee argame seerota rogummaa qabaniin kan itti gaafatamu ta'a.

2) Hogganaan yookiin koreen yookiin hojjetaan ragaalee dogoggoraa dhiyaateen kaffaltii sirreeffama iskeelii mindaa kun akka raawwatu taasise argame seerota jiraniin kan itti gaafatamu ta'a.

### 22. Dhimmota qajeelfama kanaan hin hammatamne

Dhimmotni qajeelfama kana keessatti hin hammatamne yoo qunnaman gaaffiin Biirichaaf dhiyaate murtiin kan itti kennamu ta'a.

### 23. Qajeelfamicha fooyyeessuu

Rakkoo fi hanqinoota hojiirra oolmaa qajeelfama kana keessatti uumaman hiikuuf barbaachisa ta'ee yoo argamee raawwii qajeelfamaa fi haala raawwii qajeelfama iskeelii mindaa kanaa Biirichi fooyyeessuu ni danda'a.

### 24. Qajeelfamni kun yeroo itti raawwatamu

Qajeelfamni kun **Onkoloolessa 01/2017** irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

**Kookabee Didhaa Disaasaa**

**Hoggantuu Biiroo Paabiliik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Namaa Oromiyaa**

Yaa'iqoob Taaddasaa Akkanaa
I/A Hogganaa Biiroo fi I/G
Dhimmoota Siivil Sarviisii

## Duukaa deemtuwwaan

## 1. Xalayaa sirreeffamni mindaa manneen hojii naannoo itti beeksiifamu

Lakk____________________

Guyyaa__________________

Obbo/Aadde_____________________________________________tiif

**B/J**

**Dhimmi isaa: Sirreeffama Iskeelii Mindaa Isiniif taasifamuu isaa ilaalata**

Mootummaan hojjettoota mootummaa rakkoo qala'insaa jireenyaa dandamachiisuuf sirreeffama iskeelii mindaa taasise bu'urreefachuun Biiroon Pabiliik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Namaa qajeelfama raawwii sirreefama iskeelii mindaa hojjetoota mootummaa baasuun isaa ni yaadatama.

Haaluma kanaan, akkaataa qajeelfama raawwii sirreeffamaa iskeelii mindaa hojjettoota mootummaa naannoo Oromiyaa Lakk.___/2017 guyyaa___xalayaa lakk._____ Biiroo Pabliik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Namaa Oromiyaa irraa darbeen keewwata _______ lakkofsa ____________irratti ibsameen **Onkooloolessaa 01/2017** irraa eegalee waamama gita hojii__________ sadarkaa gita hojii _____________lakk. Eenyummaa gita hojii____________koodii gita hojii_____________________irratti ramadamtanii mindaa amma isinii kaffalamaa jiru qarshii_____________(___________) irratti qarshii_______(_______________) isiniif dabalamee mindaa qarshii________________(_________________________) argachaa hojii keessan itti gaafatamummaa olaanaa, kaka'umsaa, amanamummaa, qulqullinaa fi of eeggannoon cimaan akka raawwattan ni beeksifna.

**Nagaa Wajjin**

*G/G*

- Biiroo Pabliik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Namaa Oromiyaatiif
- Biiroo Maallaqaa Oromiyaatiif,

Finfinnee



Yaa'iqoob Taaddasaa Akkanaa
I/A Hogganaa Biiroo fi I/G
Dhimmoota Siivil Sarviisii

**2. Xalayaa sirreeffamni mindaa manneen hojii Godinaa fi Magaalootaa itti beeksiifamu**

Lakk________________________

Guyyaa______________________

**Obbo/Aadde________________________________________tiif**

**B/J**

**Dhimmi isaa: Sirreeffama Iskeelii Mindaa Isiniif taasifamuu isaa ilaalata**

Mootummaan hojjettoota mootummaa rakkoo qala'insaa jireenyaa dandamachiisuuf sirreeffama iskeelii mindaa taasise bu'urreefachuun Biiroon Pabiliik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Namaa qajeelfama raawwii sirreefama iskeelii mindaa hojjetoota mootummaaf baasuun taasisuun isaa ni yaadatama.

Haaluma kanaan, akkaataa qajeelfama raawwii sirreeffamaa iskeelii mindaa hojjettoota mootummaa naannoo Oromiyaa Lakk.___/2017 guyya___xalayaa lakk._____guyyaa_______Biiroo Pabliik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Namaa Oromiyaa irraa darbeen keewwata _____ lakkofsa _____irratti ibsameen **Onkooloolessaa 01/2017** irraa eegalee waamama gita hojii_________ sadarkaa gita hojii ____________lakk. Eenyummaa gita hojii___________koodii gita hojii____________________irratti ramadamtanii mindaa amma isinii kaffalamaa jiru qarshii_____________(___________) irratti qarshii_______(______________) isiniif dabalamee mindaa qarshii_______________(_______________________) argachaa hojii keessan itti gaafatamummaa olaanaa, kaka'umsaa, amanamummaa, qulqullinaa fi of eeggannoon cimaan akka raawwattan ni beeksifna.

**Nagaa Wajjin**

*G/G*

- Wajjira Pabliik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Namaa _________tiif
- Waajjira Maallaqaa ___________tiif,

\-\-\-\-\-\-\-\-

Yaa'iqoob Taaddasaa Akkanaa
I/A Hogganaa Biiroo fi I/G
Dhimmoota Siivil Sarviisii

3. **Xalayaa sirreeffamni mindaa manneen hojii Aanaa fi magaala sad. Aanaa itti beeksiifamu**

Lakk________________________

Guyyaa______________________

**Obbo/Aadde___________________________________________tiif**

**B/J**

**Dhimmi isaa: Sirreeffama Iskeelii Mindaa Isiniif taasifamuu isaa ilaalata**

Mootummaan hojjettoota mootummaa rakkoo qala'insaa jireenyaa dandamachiisuuf sirreeffama iskeelii mindaa taasise bu'urreefachuun Biiroon Pabiliik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Namaa qajeelfama raawwii sirreefama iskeelii mindaa hojjetoota mootummaaf baasuun taasisuun isaa ni yaadatama.

Haaluma kanaan, akkaataa qajeelfama raawwii sirreeffamaa iskeelii mindaa hojjettoota mootummaa naannoo Oromiyaa Lakk.___/2017 guyya___xalayaa lakk._____guyyaa_______Biiroo Pabliik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Namaa Oromiyaa irraa darbeen keewwata ________ lakkofsa ________irratti ibsameen **Onkooloolessaa 01/2017** irraa eegalee waamama gita hojii_________ sadarkaa gita hojii ____________lakk. Eenyummaa gita hojii___________koodii gita hojii_____________________irratti ramadamtanii mindaa amma isinii kaffalamaa jiru qarshii_____________(___________) irratti qarshii_______(______________) isiniif dabalamee mindaa qarshii_______________(________________________) argachaa hojii keessan itti gaafatamummaa olaanaa, kaka'umsaa, amanamummaa, qulqullinaa fi of eeggannoon cimaan akka raawwattan ni beeksifna.

**Nagaa Wajjin**

***G/G***

- Waajjira Bulchiinsaa/ Kantiibaa______________tiif
- Waajjira Maallaqaa ___________tiif,

--------



Yaa'iqoob Taaddasaa Akkanaa
I/A Hogganaa Biiroo fi I/G
Dhimmoota Siivil Sarviisii